
# Innatni (ratings) balaa abiddaa jijjiiramee jira

## INNATA (RATING) BALAA ABIDDAA BEEKUUN LUBBUU KEE BARAARUU MALA

Innata (Ratings) Balaa Abiddaa hubachuuf yeroo ammaa salphaa dha. Saayinsii fi tekinolojii ammayyaa'etti dhimma bahuudhaan qabeenyaa f lubbuu baraaruuf innata ifaa fi sirrii ta'e kenna.

Innatni Balaa Abiddaa, yoo ibiddichii jalqabuuf jira ta'e, miidhaa ibiddichaa irratti xaanxoo (indication) siif kenna.

Innatni isaa guddaa yoo tahe balaan isaas akkasuma olaanaa ta'a.




## WAAN BEEKUUN SI BARBAACHISU

Innatni Balaa Abiddaa sadarkaalee afur qaba, kunneenis:

### GIDDU-GALEESSA

**Karooraa fi qophaa'iinsa.**

**Abiddi irra guddeessi to'atamuu danda'u.**

- Haala isaa hordofii yoo abiddichi jiraate tarkaanfiif qophaahi.

### OL'AANAA

**Tarkaanfiif qophaahi.**

**Abiddi balaa qabeessa ta'uu danda'a.**

- Balaa ol'aanaa fiduu danda'a. Abidda naannoo keetii dammaqiinsaan hordofi.
- Yoo abiddi jalqabe maal akka godhtu murteessi.
- Yoo abiddi jalqabe tarii lubbuu fi qabeenyi kee balaa jala galu.
- Filmaatni gaariin naannoo abiddi bosonaa jiru irraa of fageessuu dha.

### BAAY'EE HAMAA (EXTREME)

**Lubbuu fi qabeenya kee tiksuuf amma tarkaanfii fudhu.**

**Abiddi dafee babal'ata. balaa hamaa fidas.**

- Kunneen haalota abiddaa hamoodha.
- Karoora abidda bosonaa kee ilaalii qabeenyi kee abidda irraa tiksamuuf qophii ta'uu kee ilaali.
- Yoo abiddi jalqabe tarkaanfii hatattamaa fudhu. Yoo ati fi qabeenyi kee akka gaariitti itti hin qophoofne tahe gara miidhaa abiddaa jalaa dandamachuu dandeessutti deemi.
- Naannoo balaan abiddaa jiru keessa deemta yoo tahe dursii yaada keetti qabadhu.

### MANCAASII (CATASTROPHIC)

**Irraa dandamachuuf naannoo balaan ibiddaa jiru gadi lakkisi.**

**Yoo abiddi jalqabee gubuu itti fufe lubbuun balaa keessa galuu danda'a.**

- Haalonni kunneen balaa abiddaatiif balaa guddaa dha.
- Lubbuun kee illee murtii ati osoo abiddi hin jalabin fudhattu irratti hundaa'a.
- Ganama barii ykn galgala osoo abiddi hin jalqabin gara bakka nagaa tahetti dursii deemi.
- Haala akkasii keessatti manni jireenyaa abidda irraa baraaramuun tarii hin danda'amu. Haala akkasii keessatti jalaa bahuu hin dandeessu, gargaarsa illee argachuun kee rakkisaa taha.

# Innata (ratings) balaa abiddaa beekuu

Innati Balaa Abiddaa yoo abiddi jalqabuuf jira tahe haala isaa ibsa.  Kun garuu balaa abiddichi dhaqabsiisuuf jiru ibsuu hin danda'u.

Innati Balaa Abiddaa Naannoo Abiddi jirutti labsama. Naannoon kunis naannoo bulchiinsa naannoo jedhamu irratti hundaa'ee ti. Naannoo Abiddaa naannoo kee jiru innata isaa as ilaaluu dandeessa; fire.tas.gov.au/fire-danger-rating/

Innati (ratings) haala tilmaama qilleensaa fi odeeffannoo wanneen abiddicha bobeessuu danda'an irratti hundaa'ee herregama.

Yeroo balaan abiddaa sadarkaa Ol'aanaa irra gahu hayyamni tarii ni uggurama. Hayyama abiddaa siif hayyamame haala isaa hordofii adda baafadhu.

Dhorkiin abidda qabsiisuu kan godhamu, haala balaan abiddaa Ol'aanaa ta'ee fi sanaa ol ta'e keessatti.

Innata Balaa Abiddaa, akka ceesistuu karora dandamata balaa abidda bosonaatti gargaaramuu dandeessa.

## INNATA (RATING) BALAA ABIDDAA NAANNOO KEE JIRU KANNEEN KANA IRRAA ARGACHUU DANDEESSA:

- Marsaritii TFS as irraa ilaali fire.tas.gov.au/fire-danger-rating/
- Oduu naannoo kee jiru dhaggeeffadhu
- Toora Odeeffannoo Gargaarsaa 1800 000 699 irratti bilbili

## ODEEFFANNOO CAALUUF

Marsaritii (website) TFS **fire.tas.gov.au**

Facebook **Tasmania Fire Service**

Raadi'oonii ABC naannoo sanatti argamu

**TasALERT**

Tasmania Fire Service